Isin keessaa namni tokko wuduu'a isaa yoo raawwatee kophee isaa lamaan godhate, itti haa salaatu, isaan irraas haa haxaa’u, eegasii yoo barbaade janaabaaf malee ofirraa hin baasin

Anas irraa akka odeeffametti, Rabbiin isa irraa haa jaallatu, Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkana jedhan: «Isin keessaa namni tokko wuduu'a isaa yoo raawwatee kophee isaa lamaan godhate, itti haa salaatu, isaan irraas haa haxaa’u, eegasii yoo barbaade janaabaaf malee ofirraa hin baasin».

[sirrii] [daaraquxniin odeesse]

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- namni muslimaa tokko erga wuduu’a godhatee booda khuffii isaa lamaan uffatee, sana booda wuduu'a balleessee wuduu’a gochuu barbaade, yoo barbaade isaan lamaan irra haxaa’ee, yeroo murtaa'eef kan isaan lamaan hin baafanne isaan lamaan keessatti salaatuu akka danda'u ibsan, yoo janaabaaf ta'e malee yeroo sana khuffii baafatee dhiqachuun irratti dirqama.

http://sunnah.global/hadeeth/om/show/8392